



**Ani mucaa keeti. Jaalalaafi nyaata sirriin akka gaarittiin guddadha!**

## Aannan-harmaafi formuulaan na barbaachisu.

Hangan waggaa tokko guutu, aannan harmaa yookaan formulaa ayireni qabu na sori. Ergan waggaa tokko guute boodayuu aannan-harmaa naa kennuu dandeessa.

Yeroon beela'uufi quufu nan beeka. Akkaataa waa godhurraa hubachuu dandeessa. Mallattoo beela'uu yommuun agarsiisu maaloo na sori. Hangan mallattoo quufuu agarsiisutti na nyaachisi.

Aannan-harmaa yookiin formulaa guyyaatti si'a 4 yookin isaa ol dhuguun nan danda'a. Garaan koo al tokkotti qabachuu kan danda'u awunsii 6 hanga 8tti.

- Ol na qabi yeroo na soortu. Irreewan kee keessatti nagaa akkan tahe natti dhagahama.
- Yeroo tokko tokko si waliin hasa'uuf yokiin naannawa ilaaluuf nyaachuu nan dhaaba. Ammayuu hin quufne. Maaloo natti dubbadhu. Yeroo keenya waliinii nan jaaladha.

## Gargaarsa keetiin nyaatawwan adda addaa nyaachuu nan bara.

Ji'oota 6'n booda, nyaata jalqabuu nan danda'a. Maaloo suuta jedhi. Maatiin keenya yoo alarjiwwan qabaatan yookiin dursee dhaladheera yoo tahe, nyaata jalqabuu keetiin dura doktoora kootti yookaan WIC hasoofsiisi.

**Qophii ta'u koo mirkaneessi.** Nyaata nyaachuuf, narraa eegama:

- Taa'uufi mataakoo ol qabuu.
- Afankoo banuun nyaata fal'aanarra jiru fudhachuuf barbaadukoo agarsiisuu.
- Afankoo cufuun akkasumas mataakoo sirraa garagalfachuun nyaata akka hin barbaadne agarsiisuu.

**Sooratooni fayya-qabeessa ta'an akkan cimee guddadhu na garagaaru.**

Al tokkotti nyaata haaraa tokko qofa naa kenni. Kun akkan sooratoota haaraatti of madaqsu na gargaaru.

Sooratakoo jalqabaa nyaata tokko duwuaa godhi. Aannanharmaa yookiin formulaa itti dabaluun qal'isi. Guyyaatti si'a tokko isa na sori. Suuta suutan, furdisuu dandeessa. Jalqabarratti hanga fal'aana shaayii tokko qofan nyaadha. Achii yeroo itti baraa dhufe naa dabalta. Yoon waan tokko hin jaalanne, torbee na eegitiir irra deebiin yaali. Nyaata haaraa tokko jaalachuu kootiin dura si'a kudhan yaaluun narra jiraata.

Nyaata haaraa biraan barsiisuun dura, yoo xiqaatte guyyoota shan eegi. Nyaata haaraaf yoon mallattoo gaarii hintaane agarsiise, mallattoo gaarii hintaane kan yeroo tahuu danda'a. Ta'ullee, akka carraa ta'ee, tarri mallattoo alerjii tahuu danda'a. Yoon balaqqame, argane, gogaakoorratti mallattoon addaa yoo mul'ate, yookiin garaa kaasaa ta'e, na sooruu dhaabitii doktora yookiin narsii koo waami. Alanfachuuf ilkaan hin barbaadu.



Akkan harkakoon yookaan fal'aanaan soradhu na taasisi. Mangaagaa koo nyaata bulleessuuf akkasumas arrabaafi qubakoo isa afan koo keessaa sochoosuuf nan fayyadama.

Akkan barbaade nyaachuuf baruun barbaada. Yoon nyaata dabalataa barbaadu, afan koon bana. Yoon nyaata hin barbaadne, afankoon cufa yookaan mataakoon sirraa garagalfadha; na nyaachisuuf nan dirqamsiisin. Obsi. Tarii nyaata nan tufa yookiin fuluan guura ta'a. Daa'imman hunduu kana ni godhu. Harka, fuulaafi rifeensa koorratti nyaatni ni mul'ata. Waa'ee qulqullina dhabuu hin dhiphatiin yookiin hin yaadda'iin. Aluman nyaachuu barutti ofitti booni.

**Nageenya koo eegi.** Soorata qopheessuifi na nyaachisuu keetiin dura harka keefi koo dhiqi. Nyaata koo maayikiroovev keessatti hin ho'isiin. Afaan koo gubuu danda'a.

Nyaatako saayinii keessa kaa'uun, fal'aana daa'immaniin na nyaachisi. Aannan-harmaa yookaan formulaa xuuxxoo yookaan burcuqqoo keessatti hafe akkasumas nyaata ergan nyaadhee saayinii irratti hafe gati. Nyaata nyaachaa jirtu akkan hin nyaanne (hin dhamdhamne) na dhorki.

### NATTI HIN KENNIN Sooratoota na hudhan yookaan na dhukkubsan, kanneen akka:

- hot doogii yookaan foon jajjabatanii tolfaman (miit istik).
- dhadhaa ocholooni
- kuduraawwan dheedhii
- foon booyee
- firriwwan waynii
- qurxummii lafee waliin
- chiipsii dinnichaa (moosee), boqqolloo yookiin daabboo
- bolonyaa yookiin foon deelii
- fandiishaa
- hanqaquuwan guutuu yookiin hanqaquu isa adii
- karameellaa cimaa
- cuunfaa kuduraalee paascharaayizd hin taane.
- firriwwan waynii goggogan
- foon hin bilchaanne yookiin foon dheedhii
- gosoota ocholooni
- damma yookiin nyaata damma waliin qophaa'e.

## Burcuqqoo keessaa akkan dhugu na barsiisi.

Burcuqqoo xiqqoo hin cabne fayyadami. Bishaan muraasa itti naqi. Burcuqqoo olkaasitii hidhii koo tuysiisi, anis dhamdhamuun bara.

- Shaakaluun barbaada! Yeroo nyaataa burcuqqoo keessaa akkan dhugu na taasisi. Burcuqqicha naa qabiiti akkan xiqqoo irraa unnadhu taasisi. Aannan-harmaafi formulaa burcuqqoon dhuguun nan danda'aas.

Akkuman burcuqqoo keessaa dhuguun barutti, harmaafi xuuxxoo keessaa waanan dhugu hir'isuu nan danda'a. Wagga tokkotti, xuuxxoo dhiisuun narra jiraata.

Dhugaatii walmakoo (paanchii), shaayii yookaan lallaafaa naaf hin kenniin. Sukaarri ilkaan koo miidha, ciminaan akkan guddadhuufis nan gargaaru.



## Quba koon nyaata akkan nyaadhu na godhi.

Ji'a 8ffaa yookiin 9ffaatti, qubakootiin nyaachuun barbaada ta'a. Ammayuu na nyaachisuuf fal'aana fayyadamuun si barbaachisu danda'a. Garuu, ofii kootiin akkan nyaachuu danda'u haa yaalu mee.

Sooratooni naa qopheessitu kan na hudhan akka hintaane. Sooratooni "qubaan nyaataman":

- Kuduraalee bilchaatan xixiqqoo yookiin muduraalee lallaafuu
- Foon, foon lukkuu, yookaan foon 'tarkii' bilchaatan mummuramoo.
- Baaqeela, keessa hanqaquu yookaan 'toofuu' bilchaatefi bullaa'e
- Paastaawanifi ruuzii mummuraman
- Toostii, biskuttiwwan, yookiin qiixxa laafaa kanneen hanga gurshaa tokkoo tahan

Nyaataawan qopheessitu kanaa ol hin guddisin:



## Hammam nyaachuun narraa eegama?

Guyaatti si'a 5 yookiin 6 nyaachuun na barbaachisa. Sooranni tokko tarii annanharmaa yookiin formulaa ta'u danda'a. Sooranni biraa ammoo annanharmaa yookiin formulaa dabalataan midhaan tahuu danda'a. Gosoota sorataa adda addaa nyaachuu ergan jalqabee, soorata tokko keessatti 2 yookiin 3 naa kennuu dandeessa. Yaadoonni tokko tokko kunoo:

- Annanharmaa yookiin formulaa + siriylaala ajjaan daa'immanii + kookii
  - Atara shuukkaan bullaa'e + ruuzii + foon lukkuu mummurame
  - Annanharmaa yookiin formulaa burcuqqon + muuza xixiqqoon mummurame + paastaa mummurame

Soratoota kanneen fal'aana 1 yookiin 2'n jalqabi. Yoon isa barbaade itti dabali naa kenni.

- Hanga mallattoolee quufaa agarsiisutti akkan nyaadhu godhi. Tarii hidhii koo cufuu, garagaluu yookiin mataa koo raasuu yookiin harka koo ol kaasuu nan danda'a. Quufuu koo na gaafadhu. Achiin booda, yoon dhaabuu barbaade, nyaachuu na dhaabsisi.
- Yeroo nyaataa maatii keenyarratti ana waliin nyaadhu. Akka gaaritti kanan nyaadhu, yeroo na waliin taatuudha. Mee akka haasofnuuf Televiziyoonicha haa cufnu.

**Gahaan nyaachuu koo akkamitti beekta?** Doktarri ulfaatiina dabalaan akkan jiruufi akka gaariittis guddachaa akkan jiru dubbate.

Gaaffiwwan waahaa ana soruu qabda taanaan, maalo WIC dubbisi.



## Gorsa Fayyaafi Nageenyaaf Gargaaran

- Fayya-qabeessa akkan ta'uuf buufata fayaatti ilaalamuufi talaalliin na barbaachisa. Ji'a 6, ji'a 9fi umrii koo wagga tokkoffaatti doktora bira deemuun qaba.
- Yeroon nyaadhu taa'uutu narru jiraata. Yeroon nyaadhu yookiin qaama na dhiqxu yookaan yeroo uffata koo jijiirtu gonkuma kophaa koo nan dhiisin.
- Ergan nyaadhee xumuree, uffata qulqulluu, jiidhaafi laafaan, keessa afaan kootii ququelleessi. Filooraayidiin akka na barbaachisu doktooraa gaafadhu.
- Xuuxxoona afaan koo keessa osoo jiruu, nan raffisiin. Hudhamuun danda'a, dhukkubni gurraa na qabachuu danda'a, yookiin ilkaan koo tortora.
- Nama biraatu na soorera taanaan, maal akkan nyaadheefi hangam akkan nyaadhe gaafachuu hin dagatin.
- Mee akkan qoradhuufi baru na taasisi. Kutaalee tokkoon tokkoo akkan ani lafarraa asii olee ilaalutti ilaali, akkasumas nageenya isaa naaf eegi.
- Sigaaraa, tamboo, fi wanta aaru biroorraa na fageessi. Aarri somba koo miidhuun na dhukkubsuu danda'a.
- Konkolaataan imaluu keenyaan dura teessuma daa'imaan irratti na teessisi. Inni seera! Teessuma koo teessoo konkolaataa isa duubaa keessa, duubatti garagalchuun naa tolchi.

© Mirgakooppii 2016 Korpooreeshinii Aartii Biruush



**PUBLIC HEALTH**  
ALWAYS WORKING FOR A SAFER AND  
HEALTHIER WASHINGTON

Jaarmiyaan kun dhiyyeessaa carraa walqixaati.

Sagantaan Nyaataa WIC Mootummaa Washington kan hon goodne dha.

Namoota qaama miidhamtoota ta'aniif, dokimantiin kun gosoota birootin, gaaffiiddhaan argamuu danda'a. Gaaffii dhiheessuf, 1-800-841-1410 (TDD/TTY 711) irratti bilbilaa.

DOH 961-1050 Hagaya 2016



**Ji'oota  
6 hanga 12**

**Gorsa Akka Daa'imaatti na  
Gargaaran**

## Ana waliin taphadhu!

Uffata-qoraa lafa hafitii irra na kaa'i. Socho'ee deemuun akkan fudhadhuf, ashaangulitii narraa fageessi kaa'i. Kubbaa natti dhiheessi. Harka koo lamaan na qabitii, waliin haa tarkaanfannu.

## Waanani gochuu danda'u ilaali!

Sirraa barachuun jaaladha. Barreeffamoota naaf dubbisi. Weedduu naa weeddisi. Taphoota kanneen akka si-ilaalee (si-argee) fi soo-blig haa taphannu. Deemsa karaaf na fudhadhu, achumaan wantoota haaraa natti agarsiisi. Ani si'aawaadha-sirriitti na eegi!

### Ji'oota 6 hanga 9

Taa'uufi garagaluu nan danda'a. Sochoo'uufi daaddeen deemuu nan jalqaba. Wantoota raasuufi lafaan dhahee waan uumamu ilaalan jaaladha.

### Ji'oota 9 hanga 12

Harka koo fayyadamuun natti tola. Burcuqqoo koo qabachuu nan danda'a. Qubaan mul'isuu chaaw-chaaw jechuu nan jaaladha. Daa-daa fi maa-maa nan jedha. Oldhiibee ka'uun dhaabachuu nan danda'a.